# WA NOTIFY AKKAMITTI AKKA HOJJETU

Beeksiftuun Saaxilamummaa Waashingitan (WA Notify) meeshaa haaraa barbaachisaa ta'e kan tamsa'ina COVID-19 ittisuudhaaf gargaarudha. Kunis akka Maaskii uffachuu, fageenya qaamaa eeggachuu akkasumas baay'inaan walitti qabamuu dhiisuu, WA Notify meeshaa biraa kan tamsa'ina COVID-19 ittisuuf gargaarudha.

Fayyadamtoonni WA Notify COVID-19'f saaxilamuu akka dandaán akeekkachiisuuf odeeffannoo dhuunfaa kamiyyuu osoo hin gaafatiin ismaartfoonii irratti ni hojjeta. **Guutummaan guutuutti icciitaawwaadha, akkasumas eenyuu yookin bakka isin deemtan homaallee hin beeku yookin hin hordofu.**

Qorannoon akka himutti hanguma namoonni baay'een beeksisa saaxilamummaa kana fayyadaman, faayidaan isaas guddaa ta'a. Moodeelonni odeeffannoo kaawontiiwwan mootummaa Waashingitan keessaatti hundaa'an akka agarsiisanitti, lakkoofsi nama muraasni kan bakka kanatti WA Notify fayyadaman illee tamsa'inaa fi du'a jiru hir'isuu danda'u.

## WA NOTIFY BILBILA KEESSAN IRRATTI FE'AA

**iPhone irratti:**

1. Gara Settings deemaa
2. Asii gad deemuun gara Saaxiltuu beeksisaa deemaa
3. "Turn On Exposure Notifications" kan jedhu tuqaa
4. United States filadhaa
5. Washington filadhaa


**Bilbila Android irratti:**

1. Bilbila Android irratti, gara Google Play Store adeemaa.
2. Salphumatti argachuuf WA Exposure Notifications jechuun app (hujjafannoo) barbaadaa
3. Appilkeeshinii Washington Exposure Notifications download godhaa

## WA NOTIFY ERGA BILBILA KEESSAN IRRATTI FEETANII BOODA

Tamsaa'ina dhibee COVID-19 ittisuudhaaf karaan inni gargaaru kunooti.

1



Yeroo namoonni lama wal-bira ta'anii WA Notify bilbila isaanii irratti fe'an, bilbiloonni isaanii koodiiwwan garaagaraa karaa Bluetooth wal-jala jijijjiiru. **Koodichi guutummaan guutuutti kan hin beekamnedha, iddoo isin deemtan osoo hin hordofiin yookin odeeffannoo dhuunfaas wal-jala hin jijijjiiru.**

2





Namni tokko Waashingitan keessatti yoo poositivii ta'e akkasumas yoo fayyaan hawaasaa isaanitti dubbatan, WA Notify qabaachuu isaanii ni gaafatamu akkasumas koodii mirkaneessituu argatu.

3




Achumaan namni poositivii ta'e sun koodii mirkaneessii gara WA Notify itti galcha Kunis tola ooltummaadha.

4



Guyyoottan 14 darban keessatti namni WA Notify qabu akkasumas dheerina yeroo guddaa taé kana keessatti negaativii yoo taé namni fayyadamaa sana bira ture kamiyyuu waan COVID-19'f saaxilamuu dandaúuf akeekkachiisa hin beekamne argata.

5




Ofii keessanii fii namoota biro ittisuudhaaf beeksisoonni kun liinkii gara odeeffaannoo waayee waanta itti aansuun gootaniitti isin geessan qabu. Odeeffannoo waayee nama poositivii ta'ee yookin bakka saaxilamummaan tarii itti mudate Sanaa homaallee of keessaa hin qabani.